**Addi Bilisummaa Oromoo Tumsaan Jaara Jedhee Kaayyoo Qabsoo Isaa Maree Araaraaf Hin dhiheessu!**
**(Infoo Deeskii ABO irraa)**

Kaayyoon QBO Adda Bilisummaa Oromootiin hogganamuu tokkichuma. Kunis hiree murteeffannaa ummata Oromoo mirkaneessuu dha. Oromiyaa fi Itoophiyaa boruu keessatti hiree tokkummaa siyaasaa ummatootaa waliin yookiin mootummaa ofii ijarratuun ollummaa murteeffachuuf kan mirga itti qabu abbaa dhimmaa kan tahe ummata Oromoo qofa. ABOn akka dhaaba kallacha qabsootti dirqamni qabu, hiree ummanni Oromoo mirga isaa kabajamaa kana ittiin mirkaneeffachuu danda'u qabsoon argamsiisuu fi mijeessuufii dha.

Dhugaan kana ta'ee osoo jiruu, humnoonni maqaa tokkummaa Itoophiyaatiin sosso'an tokko tokko kaayyoo keessan dhiisaatii gara keenyatti dabalamaa jechuudhaan ABO irratti dhiibbaa gochuu abjotu, kajeelu. Keessumattuu humnoota akkasitti yaadan keessaa tokko kan tahe dhaabni Ginboot 7 murnoota siyaasaa Amaaraa kan amma duraa irraa bifa adda taheen kaayyoon QBO kan galeef of haa fakkeessu malee, jijjiirraalee ilaalchaa qabatamoo irraa eegaman agarsiisuuf garuu onnee hin qabaanne. Inumaayyuu keessa bahee mooraa QBO qoqqoodee dadhabsiisuuf ifaanis tahee dhoksaa dhaan yaalii gochuutti eega seenee bubbulee jira. Qaawwa argate maratti dhimma bahuun yaalii isaa abaaramaa kanaan milkaawuuf hanga danda'u sosso'eera, ammas sosso'aa jira. Miseensonni hoggana isaa ol'aanoon osoo hin hafne yaalii qabsoo Oromoo dadhabsiisuuf taasifamu kana keessaa suduudaan qooda yoo fudhatan tajjabnee jirra. Namoota muraasa qubaan lakkaawaman kan mooraa QBO keessatti yakka dalagan irraa kan ka'e fudhatama dhaban akka meeshaatti dhimma itti bahuufis kaadhimatanii jiru.

Ginboot 7 faan yaalii kana gochuu isaaniitiin dheekkamsi ummanni Oromoo biyya keessaa fi ala irraa dhageessisaa jiru ifatti kan beekamuu dha. Dheekkamsi hinsarmummaa QBO mirkaneessu kun warra akka Wayyaanee Lammaffaa fi OPDO Lammaffaatti wal kaadhimachaa jiruuf barnoota gahaa dabarsaaf jedhamee abdatama. Warri Ginboot 7 akka hirmaannaa Oromootiin alatti qabsoon isaanii milkaawuu hin dandeenye amanuuf dirqamuun isaanii nama hin raaju. Wanti barbaachisaan guddaan garuu, fedhii ummata wayyaba kanaa amananii fudhachuu fi siyaasaa haxxummaa kan yeroon itti dabarte irraa of qusachuu ture. Sana gochuu mannaa tooftaa qoqqoodanii bituu sirna dulloomaa fi Wayyaanee irraa dhaalanii QBO dadhabsiisuuf imaammachuun bu'aan isaa kufaatii duwwaa taha.

Ginboot 7 jijjiirraa ilaalcha siyaasaa qaamota hundumaaf tolu fiduuf kan murannoo qabu osoo tahee, murtii sagalee ummata Oromoo waan sodaatuuf hin qabaatu ture. Bahiin isaa waanuma fedheyyuu tahu, mirga hiree murteeffannaa ummata Oromoo nan fudhadha jedhee afaan guutee dubbachuu tu irra ture. Faallaa kanaan kaayyoon humni kun tarkaanfachiisaa jiru garuu, maqaa fi kaartaa OROMIYAA dhabamsiisee sirna tokkummaa humnaa kan abbootii isaa durii deebisee diriirsuu dha. Sabboonummaa Oromummaa kolaasuudhaan onnee lammii Oromoo hundaa keessatti qorqalbiin moohatamtummaa akka dagaagu taasisuu dha. Itoophiyummaa fudhachuun hiree ummatni Oromoo qabu tokkicha tahee akka amanamu gochuuf dhama'uu dha. '***Amaamaa malee amalli isuma duri jette hantuunni adurreedhaan'*** jedhu mitii ree?

Waca dhamaatii kana fakkaatuuf ummanni Oromoo har'a gurra hin qabu. Warri Ginboot 7 hin hubanne, yookiis hubataniyyuu amananii fudhachuu tu akka ibichaatti itti hadhaawe taha malee, har'a

sadarkaan sabboonummaa Oromoo haala gufachiisuun hin danda’amneen maayiloota baay’ee of dura fagaatee deemee jira. Jaalatamus jibbamus hireen siyaasaa Itoophiyaa kan murtaawu ummata Oromoo fi ummatootaa cunqurfamoo kanneen sagalee wayyaba qabaniin malee nyaara haaddattoota olii gadi cehuun afan faajjii uumuuf yaalaniin miti. Haqni kun kan hadhaawu tahu illee amananii fudhachuun alatti filmaanni nama baasu biroon hin jiraatu. Kun ammoo duraan dursee wayyabummaa ummata Oromoo, itti fufuunis ABOn dhaaba kallacha ummata wayyaba kanaa tahuu isaa shakkii tokko malee amananii fudhachuu gaafata. Ummanni Oromoo wayyabichi shira namoota yakkamoo qubaan lakkaawamaniitiin kan hin qoqqoodamnee fi kaayyoo waloo jabaa tokko kan waliin qabu tahuu isaa hubachuunis barbaachisaa ta’a. Hubannoota kana irra eega gahamee booda, kaayyoo kee dhiisii koo fudhadhu kan jedhu ilaalchi of tuulummaa dullachi gonkumaa akka iddoo hin qabaanne beekuun ulfaataa hin tahu. Hubannoota barbaachisoo kana qaabachuun, akka miinoo siyaasaa irra hin ejjennetti dursanii miillota ofii sassaabbachuuf gargaara.

Wanni sirriitti beekamuu qabu, ABOn humnoota biroo wajjin tumsa qabsoo jaaruuf jecha kaayyoo siyaasaa isaa maree araaraaf hin dhiheessu. Kanneen kaayyoo kee jjijjiirtee koo fudhattu malee si waliin tumsa jaaruu hin barbaadu jedhan karaa biraa barbaaddachuun mirga isaanii ti. Jara ilaalcha akkasii qabu waliin tumsi jaaramus tumsa waliin laga nama ceesisu hin tahu. Humnoonni akkasii kun sagalee wayyaba ummanni Oromoo qabu warra sodaatanu waan tahaniif yoo danda’ameef dhimma siyaasaa Oromoo keessa harka naqatanii gurmuu qabsaawota Oromoo laaffisuu irraa of hin qusatani. Ginboot 7ttis dhimma siyaasaa ummata Oromoo keessa harka isaa seensisuu irraa of qusatee fuula isaa gara diina keenya walootti akka deebisu gad jabeessinee yaadachiifna.

**Infoo Deeskii ABO**